

MOOTII BIYYAA SIRNA LAGAA

GARGAARSI NAMOOTTA BARBAADAN HUNDAAM HIN KENNAMU.

KIREEFFATTOONNI ULAAGAA GUUTANIS GARGAARSA AKKA ARGATAN WAADAAN HIN JIRU.

Keessa Deebii Saganticha:

Kutaan biyyaa King karaawwan adda addaa fayyadamuun saffisaan hanga danda'ameen abbootii warraa tajaajiluu ni yaala. Sagantaan gargaarsa kiraa meeshaalee kireessaa gurguddoo muraasas ni kaffala akkasumas kireeffattoota ulaagaa guutanif meshaalee manaa gurguddoos dimshaashatti ni kaffala. Kutaan biyyichaa gargaarsa kiraa kireeffattootaa kireessitootaa xixiqqoodhaf kanneen ulaagaalee adeemsa lotorii gargaarsaa guutaniif dabalataan raabsuu barbaada. Deeggarsi bakkeewwan kutaa biyyaa King keessatti fedhii guddaa qabaaniif dursa kennama. Erga saganticha guutumatti jalqabsiisnee torban sadi booda, Kutaan biyyaa King abbootin warraa sagantaan fedhii hawaasichaa guutuu ni gulaala akkasumas kaayyoo fii galmoota sagantichaas dabalatee.

Ulaagaa Guutinsa Kireeffataa: Kireeffataan ulaagaalee gadiin lamaan kana dirqama guutuu qaba:

1. Guyyoota 60n darbaniif Galiin Jiddugaleessa Naannoo 50% yookan sanaa gadi ta'uu qaba; akkasumas
2. Bitootessa 1, 2020 irraa kaasee yoo xiqqaate kiraan ji'a tokkoo kan hin kaffalamni yookan walakkaan kan hin kaffalamin

Dabalataanis, kireeffattoonni ulaagaawwan gadii keessaa TOKKO yookan sanaa ol guutuu qabu.

1. Kiraan kan itti ulfaate: Galiin ammaa 50% yookan sanaa ol kiraa kaffaluuf barbaachisa yoo ta'e.
2. Waggoota shanan darban keessa mana hin qabu ture; mudannoowwan leenjistummaa xurbbee/ol dabali.
3. Seenaa buqqa'iinsaa waggoota torban darban keessaatti.
4. Manni maatii sababa sanyii, saba, eenyummaa koorniyaa, eenyummaa koorniyaa, yookan amantiitin jeeqame.
5. Akka CDC tti carraa dhukkubaa guddaa qaba (waggaa 62 yookan sanaa ol, dhukkuba biraa kan qabu).
6. Qaama miidhamtummaa miseensa maati. Miidhamtummaa qaamaa, guddinaa, sammaa, yookan jeequmsa miiraa, alkoolii garmalee fayyadamuudhan kan dhufanis dabalatee, rakkoo miidhama boodaa, yookan miidhama sammuu Namni HIV/AIDS qabu akka qaama miidhamaatti ilaalama.

Haalatawwan Kireessaa:

Akka haala deeggarsa argachuutti, kireessitooni dirqama waliigaluu kan qaban:

1. Dirqama deeggarsa gargaarsa kiraa ji'oota sadii maqaa kireeffataa hirmaatutiin kennuu yookan: (a) dimshaasha 80% kiraa kan ji'oota sadii iyyatameef danda'uu; (b) gatii kiraa madaalawaa ji'oota sadiif. Liqaan kiraa kireeffataa irraa jiru kan ji'a sadii olii dirqama dhiifatamuu qanu. Liqaan kiraa ji'oota sadii gadi yoo ta'e, deeggarsi gara boodaatti kaffalamuu ni da'a akkasumas kiraa dhufu hamma ji'a sadii kan hanga Hagayya 2020 hin dabarre.
2. Kiraa manaa kan addaan hin kutne yookan haaromsuu kan hin didne ta'uu hanga Bitootessa 31, 2021tti bu'aa addaatin maletti.

3. Kiraama ammaa kireeffataa(toota) sagantaa kanaan deeggaram irratti hanga Bitootessa 31, 2021tti kan ol hin kaasne ta'u.

Kireeffataan ulaagaa hin guutu yoo ta'e fii/yookan kireessan haalataan walii hin galu yoo ta'e, maatin hin gargaaramu.

Kireeffattoota Deeggarsa Kiraatif Fedhii Qaban

Ulaagaa yoo guutte, maaloo iyyata kee [uunka kana](#) guutuudhan Sagantaa Deeggarsa Kiraata Kutaa Biyyaa King tiif fedhii kee ibsi. **Kuni iyyataa miti** Kireeffattoonna carraa lotoriitin torbaniin filatamu. Lotoriin Fulbaana 14, 2020 irratti jalqaba. Yoo filatamte, dhaabbatoota hawaasa keessa jiraniin iyyata guutuu akka si gargaaraniin qunnamamta.

Lotorii keessatti hin filatamne yoo ta'e, carraa kireeffattota fedhii qabani keessatti inuma turta akkasumas hanga deeggarsi xumuramutti lotoriwwan madaalawaa ta'aniif ulaagaa ni guutta. Kireeffattootni hin filatamin Jimaata hundumaa Fulbaana 14, 2020 **booda** haala isaanii hubachiifamuuudhaf iimeelin isaanif ni ergama.

Kireessan kee haalata kireessaatin waliin hin galu yoo ta'e, maatin kee sagantaa kanaan hin deeggaraman, ulaagaas ga'uumsaa ni guuttayoo ta'e fii lotoriidhaaf filatamteerata yoo ta'ellee.

MATAA MAATIIDHAATIN UUNKA KANA TOKKOO OL HIN GUUTINA. Carraan gargaarsa argachuu keetii deddeebin guuchuu keetin hin dabaluu fii yeroo fudhatu ni tursiisa.

Gaaffii? Qunnamtii: CommerceRAgrant@kingcounty.gov